مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني - إثيوبيا

# Rethinking Muslim Women and the Veil Challenging Historical & Modern Stereotype

**Katherine Bullock**

*Waa'ee Dubartii Muslimaa Fi Hijaabaa*

# *Irra Deebiin Yaaduu*

***Jibbaansota Seenaa fi Ammayyaa Dura Dhaabbatuu***


**Qopheessaan:**

Kateriin Bulakiin



**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2019

# Rethinking Muslim Women and the Veil

## Katherine Bullock

# Waa'ee Dubartii Muslimaa Fi Hijaabaa Irra Deebiin Yaaduu

## Kateriin Bulakiin

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2019 G.C**

**DF-E-TrBs-19/79**

Kitaabota Gaggabaabboo Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa

**Kitaabonni Dhaabbata Xiinxala Islaamaa Idil-Addunyaa** walitti fufiinsaan fi gabaabinaan dhihaatan kunniin maxxansaalee dhaabbatichaa kan furtuu ta'an irraa walitti qindeeffamanii kan qopheeffaman yoo ta'an, dubbiftootaaf yaada ijoo fi qabiyyee muumee irraa hubanaa gahaa akka argatan yaadameeti. Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoon maxxanfamanirraa of eeggannoon kan gulaalamaniifi dubbiftoota kakaasuufi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu. Ammas qorannoo dabalataaf gara kitaaba jalqabaatti akka nama kakaasu abdii qaba.

Yaaliin Dr. Kateriin Bulak of-eegganoo fi gadi-fageenyaan xiinxaluun waa'ee dubartii Muslimaa fi hijaabaa irra deebiin yaaduu irratti taasiste jalqaba bara 2002 (A.L.A) tti dhaabbatichaan maxxanfamee bara 2007 irra deebiin baay'ate. Barruun kun qeeqaa fi ilaalcha warra Dhihaa kan hijaabni mallattoo miidhaa dubartii Muslimaati jedhu kan cimsee mormuu fi haala gaariin xiinxaluudha. Barreessituun tun dhimmoota hawaas-siyaasaa kan addunyaawoo ta'an hedduu kaasuun, hijaabaan walqabatee ijjannoowwan seenaa kan warra Dhihaa (haalota koloneeffatummaa fi sagaagalummaaf saaxilamuu), barruulee waa'ee dubartummaa hedduu xiinxaluun filannoo fi yaada biraa fooyya'aa) gumaachiti. Hojii ishii keessaa kan daran barbaachisaa ta'e sagalee ishiin ilaalchota, yaadota, muuxannoowwanii fi kallattiiwwan dubartoonni Muslimaa hijaaba irratti qaban isaanumarraa hubachuuf jecha biyya Kaanaadaatti dhageessifteedha.

Barreessituun tun yeroma barumsa doktorummaa ishee qo’attu Islaamummaa fudhate. Kan hedduu nama ajaa’ibu, akkumma isheen amantii ishee jijjiiratteen namoonni yaada itti kennuu baay’annaan mata-duree qo’annoo eebbaa kan doktorummaa ishii isa kan duraa irraa gara qo’annoo waa’ee hijaabaatti geeddarte. (Haaluma kanaan) barreessituun tun dogongoroota seenaa fi aadaa irratti qo’annoo gadi fageenyaa fi of eeggannoo qabu taasisuun, ilaalchotaa fi yaadota faallaa fi loogii ta’an hedduu mormuu dandeesseerti. Yaadotni faallaa kunniin barruulee ammayaa hedduu keessa kan guutanii fi dhimmoota barbaachisoo ta’aniidha.

Hojiin Dr. Bulook qo’annoo ykn falmii dhimmoota siyaasaa kan keessattuu hijaaba irratti baay’ataa dhufeef bu’uura duub duubee cimaadha.

---

**Maxxansa barruu Kateriin Bulookiin qophaa’e irraa Gabaabbate**

Waa’ee Dubartii **Muslimaa** fi **Hijaabaa Irra Deebiin Yaaduu**

***Qeeqa Seenaa fi Jibba Ammayyaa***

Kateriin Bulookiin

ISBN hbk: 978-1-56564-433-5
ISBN pbk: 978-1-56564-432-8 2007

## SEENSA

Bara 1991 (A.L.A) tti televizhiina irratti gabaasa dubartoonni Turkii hijaaba uffachuutti deebi'aa jiru jedhun arge. Hedduu rifadhe ni gaddeefis. Ilaalcha dogongoraa kan dubartoonni sunniin aadaa isaaniitiin injifatamanii itti seenan waan jedhun yaade; yaada dadhabaa. Akkuma warra Dhihaa hedduu, anis Islaamummaan dubartoota irratti dhiibbaa geese; hijaabnis mallattoo miidhaa kanaati jedheen amane. Achi booda wanta na dinqisiise ilaalaa; waggaa afur booda, akkuma dubartoota miidhaman jedhee yaadaa turee san anis hijaaba uffadhee yemmuun fooddaa kuusaa koo irraan of ilaalu. Imala koo dhimma amantii kan eegale yeroo digrii lammaffaa hojjadhuun eegalee waggaa afur booda gara amantii Islaamaatti seene. Imalichi kan xumurame jibba Islaamaa irraa gara kabaja, fedhii fi fudhachuutti deemuuni. Dhimmi hijaabaa dubartii biratti uumamumaan murteessaadha.

Bu'uura amantii Islaamaatiin fedhii guddaa horadhus, barmaatilee miidhaa dubartootaati jedhee amane sanaan daran jeeqamaa ture. Wanti yaadee ture hijaabni barmaata ykn duudhaa aadaa kan dubartoonni Muslimaa isa dhabamsiisuuf hojjachuu qabaniidha kan jedhuudha. Keeyyatoota Qur'aanaa kan Muslimoonni hedduun dhiirotaa fi dubartoonni uffannaa hijaabaa ni kabaju, keeyyatoonnis akka uffatamuuf ni dirqisiisu kan jedhu natti mul'ifamee ture. Wanti natti dhagahame, gadda, miidhaa fi dhiibbaa dubartiin Muslimaa keessa jirtuudha. Keeyatoonni sunniin waan ifa ta'aniif, dubartoota Muslimaa biratti hijaaba uffachuun barbaachisaa ta'uun ala, ibsa addaa hin barbaadan.

Dhimmoota kanneen of cinaa kaa'etuma Islaamummaa haa fudhu moo hin fudhu kan jedhu murteessutti seene. Xumura

gamaaggamaatti wanti ta’e, ergaa bu’uura amantiiti-Rabii tokkichatu jira; Muhammad (S.A.W) Tajaajilaa fi Ergamaa xumuraa Isaa ta’uudha. Erga qo’annoowwan waggoota hedduutii booda shakkii tokkollee kan hin qabne… osoo dhimmi dubartootaa fi Islaamummaa hin jirre ta’ee (maal ta’a) kan jedhu ture.

Yemmuun dhumarratti amantii Islaamaa qabachuuf murteesse sana, amma barnoota doktorummaa kootiin waggaa tokkoo fi walakkaa (Adoolessa 1994 A.L.A)tti, wanti ani murteesse jaaladhus jaalachuu baadhus hijaaba uffatuu qaba kan jedhuudha. Ajaja waan tureef ajajamuu qaba waan ta’eefi. Namoota muraasa muummee barnoota koo baratan ani Muslima ta’aa yoo Muslima ta’e ammoo hijaaba uffachuun koo waan hin hafne jedhee itti himaa ture. Kana jechuunuu hin barbaachisu; namoonni inumaa sodaa keessa seenan; akkuma yaadni kun babal’ataa dhufeen (namoonni uffannaa koo haaraa kana arganiin), kunuunsa fokkataa (dhiibbaa hamaa) keessatti of arge. Akkamitti barmaata (duudhaa) nama miidhaa kana keessa seene, dubartii cimtuu fi ijjannoo qabdu osoo ta’ee jiruu? Akkamitti Islaamummaa keessa seene? Waan Hamaas dalage hin dhageenye moo? Waan namichi Muslimaa tokko dubartii irratti hojjate hoo? Ani balaa kanaaf of saaxiluuf qophii hin qabu. Dhiibbaalee hojjattoota biiroo, ogeessota fayyaa namoota haaraa karaa keessatti narra gahuu malan dandamachuufis qophii hin goone. Haaluma walfakkaatutu natti dhagahame. Yeroo hedduu ija jibbaatiin ilaalamaa ture. Jibbitoonni akka dubartii adii, jireenya giddu-galeessa jiraattuuttis na hin ilaalle. Sun jalqaba muuxannoo sanyummaan fooyamuu kiyyaa yoo ta’u, kun waan an as dura hojjataa ykn yaadaa ture sana, kan dhugaa jiru gonkumaa sirritti hubachuu hin dandeenye sana, ifa baasee natti mul’ise.

Hiriyyoonni koo dubartoonni Muslimaa haaraan (kanneen dhiheenya Islaamummaa seenan dabalatee) gochaa koo haaraa kan amantii fi hawaasa bal'aa keessatti mul'ataa jiru kana irratti na tumsuu turan. Wanti na ajaa'ibe, akkamitti hiriyoonni koo haala kana hubachuu danda'an? Kaanadaa Torontoo keessatti akkuma an godhe kana muuxannoo hijaaba uffachuu qaban turee? Moo anatu hamma barbaachisuu ol dubbii jabeesse? Namoonni karaa irratti isaan hin garree? Moo gara waan biroo ilaalaa turan? Ani hoo maaliifan ija jibbaansaa fi tuffiin ilaallamaa ture? Yeroo hamaa kana keessatti kan ani mata-duree qorannoo koo kan Doktorummaa (PhD) barbaadaa tureef, yeroo murasaaf dhiisuuf yaalus, wanti ifa naa ta'e waa'ee hijaabaa (uffata mataa) qorachuun gaarii ta'ee natti mul'ate.

Hijaabni maaliif warra Dhihaa biratti akka mallattoo cunqursaatti ilaallame? Warri Dhihaa maaliif Islaamummaa miidhuuf ka'an? Anaa fi hiriyyoonni koos akkamitti wanta nu bilisoomsa jennee yaadne tokkoof, kan hawaasni Muslima hin taane kan naannoo keenyaa nutti dheekkamus, murannoo qabaachuun danda'ama? Maaliif ummatni Islaamummaa fi hijaaba keenyarraa hubannoo hin qabaanne?

Kitaabni kun bu'aa adeemsa gaafilee kana deebisuuf godhamuuti. Kaayoon bu'uuraa kan '*Waa'ee Dubartii Muslimaa fi Hijaabaa irra Deebiin Yaaduu*' yaada dhugaa hin ta'in beekkamaa warra Dhihaa kan hijaabni mirga dubartii dhiiba jedhu mormuudha. Yaadni mormii koo inni guddaan warra Dhihaa kan hijaabni mallattoo cunqursa dubartii Islaamaati jedhuu, yaada fakkeessaa ta'i jedhamee uumame malee warra hijaaba uffatan irratti kan hin mul'anneedha kan jedhuudha. Ummanni yaada akkanaa kun booddee siyaasa warra Dhihaatis tajaajilaa ture; ammas hamma jaarraa 20ffaattiis itti fufeera. Dabalataanis, ani kan mormu murteen hijaabni

mallattoo cunqursaati jedhu hubannoo duubatti hafaa bilisummaa fi walqixxummaa isaan baanan biratti sirrii ta’ee bilisummaa fi walqixxummaa warra hijaaba uffatuu tuquun akkamitti qajeela ykn sirrii ta’a kan jedhuudha.

# Boqonnaa Tokko

## Hijaaba Bara Koloneeffattummaa Keessatti

Hijaaba warra Dhihaa biratti yoom irraa eegaleeti kan mallattoo miidhaa dubartootaa ta'e? Jalqaba yaadichaa kallattiin argachuu baadhus, ragaan jiru jaarraa 18$^{ffaa}$ keessa hijaabni Awurooppaanota biratti akka barmaatilee miidhaa dubartoota Muslimaa keessaa tokkootti fudhatameera. Intalli Biriiteen, Meerii Wortileey Moontaguu, tan imala jila abbaa warra ishee Idward Wortileey Moontaguu 1717-18 kan gara Turkii imale wajjiin deemtee turte, yaada hijaabni mallattoo miidhaa dubartootaati jedhe mormitee turte. Yeroo Turkii keessa turte yaaliin isheen goote, hijaabni inumaayyuu mallatoo bilisummaa dubartootaati (akka isaan osoo namuu hin beekneen ala bahan godha) jedhaa turte. Garuu yaadni hijaabni mallattoo dhiibbaa fi hacuuccaa dubartootaati jedhu jaarraa 19$^{ffaa}$ keessattis akka haaraatti itti fufe. Kunis yeroon sun bara koloneeffattota Awurooppaa kan Giddu Gala Bahaa waan ta'eefi. Akka Leeylaa Ahmad kitaaba ishee keessatti ibsitetti, koloneeffattoonni weeraraa fi koloneeffachuu Giddu Gala Bahaa kana cimsachuuf jecha yaada haaraa kana akkaan itti fayyadamaa turan.

Bara koloneeffannaa sana, Awurooppaanonni, dhiiraa fi dubartootnis, koloneeffattoota, imaltoota, artistoota, ergamtoota amantii, beektota, hayyoota siyaasaa ykn falmattoota dubartootaa fi kkf afaan tokkooni kan dubartoonni Muslimaa aadaawwan isaaniitiin cunqurfaman jedhanii yaadaa fi hojjachaa turan. Hijaabnis akka mallattoo duraa kan cunqursaa dubartootaa geessan keessaa tokko ta'eetti tarraa'e: masaanummaa, kophummaa, gadi dhiifamuu fa'as dabalatee. Akka haqaatti (yoo ilaalle), hijaabni Baha Giddu Galaa keessatti sadarkaa dubartii Muslimaa gadi buusa jedhameeti kan aadaa

haaromsa Awrooppaanotaa sana Baha Giddu Galeessaa nyaachisan.

Warroonni hijaabni mallattoo miidhaa ta’uu namoota amansiisan warra Dhihaa qofaa miti. Hayyoonni warra Arabaas ilaalcha warra Dhihaa kana fudhachuun, isaan duubatti hafoo, dubartoonni isaaniis xiqqeessoo akka ta’an of amansiisuun faana abboommii warra Dhihaa hordofuu eegalan. Kanaafuu, yaadni hijaabni mallattoo cunqursaa dubartootaati yaada olaantummaa qabaachuu irraa dhalate ta’ee mul’ate. Kunis, akka hawaasa sadarkaa ol’aanaa ammayyooma gaggeessuutti, barnoota waa’ee farra hijaabaatiin warroota hijaaba bu’aa amantii fi mallattoo sadarkaatiif uffatan irratti duuluu eegalan. Barnoonni waa’ee farra hijaabaa hayyoota gama Warra Dhihaa fi isaan haaraa aadaa koloneeffattootaa fudhachuun bu’aa diinagdee fi hawaasummaa isaan irraa fayyadamaa jiranii fi, isaan hafan, warroota kutaa hawaasaa gadi aanaa, barsiisota Muslimaa kan duraa fi warroota koloneeffannaan miidhamaa turan, kanneen Warra Dhihaa hin fakkeeffanne, giddutti garaa garummaa uume.

Kanaaf, yaadni hijaabni mallattoo cunqursa dubartootaati jedhu yaada ol’aantummaa qabaachuu ykn yoo xiqqaate fedhuu irraa madde. Yaadni mormii kan hijaabni mallattoo miidhaa dubartiiti jedhu wanti addeessu, jaalannus, jibbinus, barruuwwan waa’ee hijaabaa kan koloneeffattootaa fi warra yaada haaraa irraa dhufa. Kanaafi kan falmiin waa’ee hijaabaa humna guddaa qabaatee mul’atu. Hijaabni, akka Leeylaa Ahmad jettutti, yeroma warri qorattoota Bhaa dhufanii hiika ofii fedhan itti kennan sana irraa dhimma itti bahamaa ture. Qabsoowwan har’a addunyaa Muslimaa keessatti argaa jirrus qoqqodamuma kutaa/aadaa kana mul’isan.

## Falaasama Uumama Argama, Dhugaa fi Beekumsa Ammayyummaa

Osoo hijaabni bara 1700moota keessa akka mallattoo miidhaatti ilaallamee jiraatee, maaltu jaarraa 20ffaa bara koloffeennaa keessa akka haaraatti xiyyeeffannaa itti kennisiise ree? Boqonnaa kana keessatti, wanti ani mormu, amaluma hijaabaa kan argaa irraa nama haguugutu miidhaaf of saaxile waan jedhuudha. Sochiin tapha kanaa bara koloneeffannaa keessa eegalus, hamma har'aa ittuma fufuun, duula haaraa hijaaba irratti baneera. Xiinxalli kiyya mormii *Timootii Misheel*, kan waa'ee *Koloneeffannaa Masrii*, kan gidduu falaasama ammayyummaa (kan namni dhuunfaa gara qarooma addunyaatti dhufuun addunyaa ilaalcha tana akka waan fakkii taateetti qabachuun, addunyaa-akka-agarsiisaa) bal'isuun, falaasama Awurooppaan alaa kan addunyaa ilaalcha tana akka suuraa ykn fakkiitti fudhachuu diduu giddutti umameedha.

### Haguuggii Keessaan Sirritti ilaaluu fi Hijaaba

Wanti ani waa'ee 'muuxannoo ammayyaa kan addunyaa -akka-agarsiisaa tana irratti irra keessa addeessuu fedhu barruu *The Times* ganna bara 1851, kan qophii Agarsiisa Guddichaa irratti barreessee ilaaluudhaani: 'Nuti amma namoota ragaaf jiraatu; waan cufaa bakka harki keenya dhaqqabu, toowannaa keenya jala kaayuu qabna; akka feenetti ilaaluudhaaf jecha' kan jedhuu dursa kennuu fedhe.

Akka Misheel ibsitetti kun muuxannoo addunyaa yaada argamee ykn qabatamaati: kan namuu dhokatee addunyaa tana bakka walaba taate irraa ilaaluudha. Wanti ta'u eegasii, yoom addunyaan haguuggii keessaan nama ilaaluu diduuf deemti? Haguuggii keessaan nama ilaaluun kallattii arguu garuu ofii

mul’atuu dhabuu kan uumamni akka agarsiiftuu ijaatti itti dhimma bahu ta’uuf deema. Bara koloneeffannaa sana imaltoonni Awurooppaa gara Baha Giddu Galeessaatti imalan yeroo dubartoota hijaaba uffata argan akka itti of hifatan arguun namatti hin ulfaatu. Dubartoonni Muslimaa akka isaan fedhan (akka agarsiisaa) sanitti of hin mul’isan; fooddaan manneen isaan (imaltoonni) keessa jiraataniis dubartoota karaa irra deeman, ykn dhiiraa dhala walitti makaman ilaaluuf hin hayyamneef. Dubartoonni hijaaba uffatan seera isaanii kan ‘addunyaa–akka-agarsiisaa’ jedhu sana jalaa diiga: hin mul’atan, ofii ni ilaalan, suuraa dubbifamuu danda’u ta’aniis hin mul’anneefi. Dubartoonni uumama dhoksaa kan daawwattootaaf of hin mul’ifne isaanitti ta’an. Anaaf, kun kaayoo bu’uuraa kan Awurooppaa duula faallaa hijaaba irratti kakaaseedha. Awurooppaanonni yeroo gara Baha Giddu Galeessaa dhufan, akka mallattoo qaroominaa isa xumuraatti of ilaalaniiti. Garuu fedhii fi hawwiin kun Baha Giddu Galeessatti fashale. Akkamitti namni tokko namoota hin beekamne, hin mul’anne, suuraa hin kaafamne biratti ol aantummaa gonfata? Wanti hin mul’anne, kan hin qabamne hin toowatamu. Kana daran, Awurooppaanota dubartoonni hijaaba uffatan itti ulfaatan: dubartoonni nuti ilaaluu hin dandeenye nu ilaalu jedhanii yaadu. Kanatu Awurooppatti dubartii nurratti ol taassise jedhan. Kuni hariiroo faallaa qaama ol aanaa fi gadi aanaa kan arguu fi ofii hin mul’anne gidduu jiruudha. Kanaafi kan mataan dubbii mormii kootii-Awurooppaanonni harka nu baafatan jedhuufi. Hijaaba silaa balleessuu fedhan irratti duuluun dubartoota ilaaluuf jecha waan danda’an cufa yaalan. Halluudhaan, suuraawwanii fi kan kana fakkaataniin dubartii qaama qullaa fakkeessuun isaan saaxilan. Haaluma kanaan hijaaba dubartii Muslimaa irratti duuluu eegalan.

**Guduunfaa**

Falaasamni uumama argama, dhugaa fi beekumsa ammayyummaa, kan hiikni isaa akka qaama wanta meeshaa ta'ee fi hin ta'iniitti ilaallamu, kan keessattuu nama arguu fi ofii dhokachuu irratti xiyyeeffatu, weerara Awurooppaanotaa kan gara Baha Giddu Galaa hijaaba irratti duulamuutti qajeelche. Hijaabni mallattoo Awurooppaanonni baatanii Baha Giddu Galaa ittiin weeraruuf ka'an, kan mul'ata qorattoota isaanii (gadi aantummaa hordoftoota isaanii haaraa fi fedhii warri Dhihaa isaan qaroomsuuf qaban) fiixaan baasuuf murteeffatanii ka'aniidha. Barumsi qorattoota koloneeffattootaa amma yaada waa'e gadi aantummaa hordoftoota isaanii haaraa fi xiyyeeffannaa sadarkaa dubartootaa akka muuxannoo gaggaarii kan barnoota koloneeffattootaa ittiin dagaagsan irratti xiyyeeffata. Hayyoonni warra dhalootaa muuxannoolee muraasa kanuma warra Awurooppaa sanaaf gadi dhiisan. Fakkeenyaaf hijaabaa fi dubartiin kophaa imaluu fa'a. Sababnis yaalii ammayyoomuuf qabantu kana. Hijaabni hiika durii kan kabajaa fi sadarkaa gudda mul'isu sana irraa gadi bu'eeti, mallattoo miidhaa fi duubatti hafiinsaa dabalate. Hiikni haaraan hiika isa durii bakka hin buune; caljedheetuma baqqana (layer) haaraa kan isa duriitti maxxane uume. Kun hayyoota hagoo ammayyaa'anii fi isaan danuu hin ammayyaa'in giddutti qoodamiinsa uume. Akka Leeylaa Ahmad jettutti, barnoonni hijaaba irratti haguugame seenaa ol aantummaa koloneeffattootaa fi ofirraa ittisa naannawa sana ture wajjiin walqabata. Jijjiiramoota kanneentu har'a qabsoowwan addunyaa Muslimaa raasaa jira.

# Boqonnaa Lama

## Ilaalchotaa fi Muuxannoowwan Uffannaa Hijaabaa Torontoo Keessatti

Akkuma hijaaba uffachuu eegaleen, barattooni dubaraa lama Montiriyaal Quubeek, Kanaadaa keessaa sababa gola keessatti hijaaba mulqachuu didaniif jecha barnootarraa ari'atamanii gara manaa galan. Taateewwan kunniin Kanaadaa keessatti mata-duree haasawaa ta'uun hiika hijaabaa fi sadarkaa inni hawaasaa Kanaadaa biratti qabu irratti mormiin hammaate. Yaadni mormii ka'e kan hiika uffannaa mataa irratti uffatamuu ta'ee kan lammiiwwan Kanaadaa akka duudhaatti yeroo fedhan uffatanii fi homaa miidhaa hin qabneetti ilaallama kan jedhuudha. Gabaasni qorannoo kan Komishiiniin Tamsaasa Kanaadaa (KTK) akkana jedha: "Lammii Kanaadaa biratti hijaaba uffatuun dhimma fudhatama qabuu fi hion qabne ta'uu ni danda'aa?" Kana jechuun dubartoonni ari'aman sunneen lammiiwwan Kanaadaa achumatti dhalatanii guddataniidha. Isaan ari'uun seer-maleedha. Yaadni *Jefrii Siimpson*, kan barruu *Globe & Mail* irratti kenne wanti jedhee mormu: dubartoonni Muslimaa yoo hijaaba uffachuu fedhan mirga isaaniiti kan jedhu yoo ta'u, battalumatti dubartoonni lama aariidhaan deebii ariifachiisaa 'hijaabni ifaan ifatti mallattoo miidhaa dubartoota Muslimaati' jedhu kennan.

Walmormii ifaa kana keessatti wanti dhokate yoo jiraate sagaleewwan dubartoota hijaaba uffatanii kan mataa isaaniiti. Boqonnaa kana keessatti yaaliin godhamu sagalee dubartoota Muslimaa hijaabicha duffatan kan biyya Kanaadaa dhiheessuun qaawwa jiru cufuudha.Ilaalcha dubartoota Muslimaa muraasa irraa ka'uun kan Muslima hundaati jedhee hin goolabu. Kaayoon koo salphamatti yaada dubartoonni Muslimaa

muraasni hijaaba irratti qaban gadi fageenyaan hubachuudha. Dubartoota Muslimoota Sunnii kudha shanii fi dubartii Ismaa'ilii takka jidduu Waxabajjii fi Adoolessaa bara 1996 gaafii fi deebii godheefi. Isaan hunduu naannoo Torontoo Guddoo, Ontaariyoo, Kanaadaa keessa jiraatan. Kudhannan isaanii yeroo hundaa hijaaba uffatan (shan warra haaraa Islaamummaa seenan) fi shan ammoo yeroo takka takka uffatu. Lamaan isaanii qofatu fuuldurattis yeroo hunda hijaaba hin uffannu jedhe. Dubartoota Muslimaa shanan keessaa takka qofatu salaata shanan sonaan hin salaatu jedhe. Warri hafan (Noohaa, ishee shii'aa sanis dabalatee, tan hawaasaa amantii ishii biratti cimtuu turte,) haalaan amantii isaanii hordofan. Gochi kun Muslimoota Kaaba Ameerikaa jiraatan biratti isaan masgiidatti salaatuu irratti hirmaatan keessaa (harka 1-5) qofa isaan godhe. Hayyoonni Islaamaa Ameerikaa Kaabaas kanuma dhugoomsu. Eenyummaa isaanii eeguuf jecha maqaa isaanii osoo hin ibsin hafe.

## Ilaalchota Hijaaba Irratti Jiran

### 1. Maaf Hijaabni Barbaachise?

Kanaadonni yeroo tokko tokko Dubartoota Muslimaa Kanaadaatiin " Asiin Kanaadaadha; isin asitti bilisa. Wanta san mataarratti uffachuu hin qabdan'' jedhuun yeroo itti himan nama kofalsiisa ykn gaddisiisa, haalli isaan itti fayyadaman wama ta'ee haa ta'uutii.

Nuur, barattuun digrii duraa Eeshiyaa Kibbaatirraa taateedha, miidhaa sammuu guyyaa tokko mana kitaabaa keessatti ishiin qunnamee ture yemmuu yaadattu, dubartiin umriin guddoo takka itti as dhihaattee haala diinummaatiin maaf Nuur "Duubatti hafummaa Kanaadaatti fiddi?'' jechuun lolte. Dabalataanis dubartittiin "Nuti Kanaadaatti mirga dubartootaaf jecha hedduu xaarre; hijaaba uffachuun kun san hunda diiga''

jette. Yeroo tokko Nuur akka addeessitetti, yaadni ishee dhageettii hawachuuf ykn immoo ‘ xiyyeeffannaa jibbiinsaa keessa seenuu’ hin feene ‘ dhimma amantii cimaadhaa kan dubartiin ‘of gadi qabuu ykn obsuu qabdi’ ‘hamma ammaatti waan ishee amansiisu arguu dhabdus’.

Nuur akka hijaaba hin uffanne yaadamus sababni isaa hin beekamu. Nuur yemmuu maaliif akka hijaaba uffatte Kanaadota Muslima hin taaneef ibsiftu sababuma amantii fayyadamte. Warroonni ani gaafiif deebii godheef, Faaximaallee dabalatee, tan yeroo hedduu hijaaba hin uffanne, hijaaba offachuun qaama amantii irraayi jedhanii yaadan.

Har’a garuu akkasitti ibsuu hin fedhan. Yemmuu ani maaltu akka akkas isaan yaachise gaafadhuun, hundi isaaniitu “inni Qur’aana keessa jira’’ “Rabbitu Qur’aana keessatti itti ajaja” fi kkn jedhu. *Bassima*, lammii Ingiliiz tan haaraa amantii Islaamaa seentes, hadiisuma “yemmu dubartiin takka umrii heerumaa geette, fuulaa fi harka malee qaama ishee irraa homaa arguu hin qabdan” jedhu rageeffatte.

## 2. Hiika Mala Aadaa (Kan Dhiiraa Loogu)

Beektonni Muslimaa kanneen ofii hijaaba hin uffannes qo’annoolee baay’ee isaanii kan godhan sochii hijaaba deebisanii uffachuu dubaartootaa irratti. Hedduun isaanii yaada deeggarsa gaaffiif deebii kan godhan iraatti kan mirkaneessan Qur’aanni hijaaba uffachuutti ajaja jedhu bal’inaan ibsu. Garuu, kallattii ilaalcha hayyoota kanniiniitiin, Qur’aanni uffannama giddu gala tti nama ajaja malee kan akka Warri Islaamummaa qeequ baananii kanaa miti jedhu. Qo’annoowwan isaanii haala kanaan kaayuun dubartoota gaafiif deebii godhaniif sanniin tuffachuu mul’isa; isaan irra beekoo (hiika Qur’aanaas isaan

daran hubachuu kan danda’an) of fakkeessanii waan dhihaataniif jecha. Karaan fooyya’aan kan adda addummaa hiikaa fi hubannaa ittiin ilaalan Qorannaa *Karraam* kan waa’ee dubartummaa Masrii keessaa irratti addeessiteeti. Isheenis Islaamistootatu hijaaba uffachuu Qur’aanatu ajaje jedhanii morman jechuun kabaja adeemsa isaaniitiif qabdu garuu akkanatti addeessiti: “Sun haala turaa rakkisaa ti. Ani akka dubartii Muslimaa tan barmaatilee Islaamaa keessatti guddadheetti, seerummaa bu’uura Islaamaa (Qur’aana) waakkachuu ykn haaluu hin dandeenye. Garuu hubannaawwanii fi hiika isaanii kanas, miidhaa hawaasummaa inni qabus dabalatee, fudhachuu hin dandeenye”. Karraam wanti itti akeekte warri hijaaba uffatuu fi hin uffannees wanti yaadan inni kuun sirrii miti kan jedhu ture.

Yaadni dubartoonni hijaaba uffatan hubannaa sobaatiin hubamaa jiran jedhu warra Dhihaa biratti hedduu cimaadha. Yeroo ani yuuniversiitii keessatti hijaaba uffachuu eegalu, hiriyyoota gola koo keessaa tokko hirriyyaa kiyyaan akka jettee itti himte “isheen akka cunqurfamaa jirtu hin beektuu?” jetteen. Haa ta’u malee, yeroo ammaa kana dubartiin tamuu osoo mormii Muslimoota biraa fi alas jiru hin hubatin hijaaba uffachuu hin filattu, keessatti yoo Dhihatti guddatte. Hijaaba uffatuun addunyaa Muslimaa keessatti seenaa ykn duudhaa yeroo dheeraa qaba. Mormiiwwan amma isa irratti ka’an yoo walbira qabanii ilaalan haaraa yoo ta’an; kanneenuma koloneeffattota Awurooppaatiin ol kaafamanii afuufamaniidha. Kanaadaa keessa jiraataa, gamaaggamni faallaan waan itti kennamee hawaasa baldhaa biratti haala adda nama baasinsaa fi hacuuccaa isaan walqabatee dhufu irraa kan ka’e murtee hijaaba uffachuu irra gahuun waan saphaa miti. Dubartoonni ani gaaffii fi deebii godheefi osoo maaf akka uffatan sababa gahaa hin

yaadin murtee hijaaba uffachuu fi guyyaa guyyaan uffachuullee itti fufuu irra hin geenye, itti yaadaniiti. Hayyoonni sochii hijaaba deebisanii uffachuu akka argatanitti, wantoonni akka dubartoonni hijaaba uffatan kakaasan hedduutu jiru: mormii siyaasaa, sababbiiwwan diinagdee, amantiif fa’a ta’uu danda’a. (Boqonnaa 3 ilaali). Namoonnii ani gaafii godheef hiikaa Qur’aanaa gara garaa ilaalaniiti kan isa hunda daran sammuun isaanii fudhatte filatan. Hundi isaanii kan amanan keeyyanni Qur’aanaa akka dubartoonni rifeensa isaanii haguuggatan dubartoota gaafatutti qajeelcha jedhu.

Yaadni ummataa biroo hedduun: Islaamni amantii fokkataadha; jeequmsaa fi miidhaa dubartootaa kan lallabuu jedha kan jedhuudha. Qo’annoo kiyya keessatti garuu, dubartootaaf hijaabni mallattoo miidhaa ykn shororkaatii miti, inumaayyuu mallattoo qulqullinaa, kabajaa, eenyummaa dubartii Muslimaa, ajajaa fi waamicha Rabbii fudhachuu fi ragaa isaan Muslima ta’uuti. Hijaabaa isaanii keessatti nagaya argatanii uffannaanis itti tola. Dubartoonni hijaabni bu’aa hawaasichaatiif ta’uu tolchanii amanan. Sababnis hijaabni hariiroo dhiiraa fi dubartii hin barbaachifne irraa nama qulqulleessa; akka “meeshaa saal-qummantiitii” osoo hin taane akka namaatti ilaallamuus mul’isa.Yaadni faallaa fi waanyoon hawaasicha dubartoonni hijaaba uffatan keessa jiraatan irraa isaan mudatus ni xiqqaata. Yoo tooftaalee fi adeemsonni warra dubartummaa faarsanii muuxannoon dhufan akka bu’uura beekumsaatti hiika qabaatan, hiikkaawwan hijaabaa kunniin haala gaariin ilaallamuu qaban; dubartoonnis ilaalcha sobaatiin gadi qabamuu hin qaban.

# Boqonnaa Sadi

## Hiikkaawwan Hijaabaa kan Adda Addaa

Walxaxiinsaa fi hawaasummaa waa'ee uffannaa hijaabaa beekumsa walta'aan fudhatama hin arganne, warri Dhihaa yaadni qaban hijaabni mallattoo miidhaa ykn cunqursaa dubartootaatti Islaamummaa keesaatti mul'atuuti. Sodaan kiyya asirratti wanti Dhihatti baratame dubartiin matatti waa uffattu hundi humnaan ykn dirqiin Islaamummaan isheen cunqursee uffachiise kan jedhuudha. Boqonnaan kun gosoota hijaabaa gara garaa irratti xiyyeeffatee namni badhee ykn bakkee ilaalu tokko hiikuma tokko itti kennuu hin qabu. Yoo akkas ta'e dubbiin kan akka dubartoota lamaan hijaabni miidhaa fida jechuun mana barumsaa irraa ari'atamanii (Faransaayii fi Kuubeek keessatti) fi dubartoota biroo kanneen sababuma uffannaa isaatiif loogii fi sodaachisi isaan irra gahuuti. Barmaatileen dubartoota Islaamaa bakkeewwan biroos asitti xiinxalamanii jiru. Xiinxala kanaan hiika hijaabaa adda addaa irratti qabiyyee fi garaa garummaan nama dhuunfaas akka jiru hubatame. Wantoota akka dubartiin hijaaba uffattuuf kakaasan kutaawwan torbaan qoodee ilaala: mormii warraaqsaa, siyaasaa, amantii, dhageettii hawaasaatti fayyadamuu, eenyummaa ofii ibsachuu, duudhaa fi seera biyyattii fa'aadha. Bakkeewwan uumamaan kutaawwan kunniin itti walqunnaman kan ani adda baases ni jiraatu. Kutaawwan tokkoo ol ta'an dubartii takkaaf hojjachuu danda'u. Barruu itti aanu keessatti kutaawwan qo'annoowwan armaan olii keessaa argaman irratti haasawa. Eegasii hiikaa dhaabbileen sabaa himaalee warra Dhihaa ammayyaa hijaabaaf Kennan ilaalla. Kun akka ani fakkiin hijaabaa kan miidiyaaleen warra Dhihaa faallaadhumaan itti maxxansan soba ta'uu fi kallattiiwwan ilaalcha dubartootaa ilaaluun hin ta'in himu na gargaara.

## Sababoota Hijaaba Uffataniif

### *1) Mormii Warraaqsaa:*

Bara 1950moota keesssa yeroo Aljeeriyaan qabsoo bilisummaaf lolaa turtee fi Iraanitti bara 1970moota keessa, dubartoonni dura hijaaba hin uffannees mootummoota cunqursaa ofirraa fonqolchuuf jecha uffatan. Uffanni mataa wanti ibsaa ture faallaa koloneeffannaa ykn humna bulchiinsa warra Dhihaa fi wanta inni qabu hundaati.

### *2) Mormii Siyaasaa*

Dubartoonni hijaaba kan uffatan mormii siyaasaa kan sagantaalee hayyoota warra Dhihaa fi bilisummaa isaan baanan qeequu fi wantoota kanaan walqabatanii dhufan: tarsiimoowwan biyya isaanii weerara daldalaa, teknoolojii, haala siyaasaa fi hawaasummaa biyyoota Dhihaatti gammaduu dhabuu itti agarsiisuufi.

### *3) Amantii*

Garee fi tuutni mormii siyaasaa murteessan kan warra Dhihaa fi bilisummaa isaan baanan fudhachuu diduu ta’ee Islaamummaanuu sirna siyaasaa, hawaasummaa fi diinagdee sirrii fi of danda’e qabdi kan jedhu ture. Dubartoonni hedduun yaamicha idil-addunyaawaa ‘Mallattoo uffannaa Islaamaa’ jedhu kana dhagahuun hijaaba uffatantuu murteessan.

### *3.1) Hawaasa Fooyya’aa Uumuuf*

Gocha Warra Dhihaa fi bilisummaa isaan baanan balaaleffachuu fi Islaamummaa akka filannoo isa birootti

fudhachuu keessatti, wanti hin dhokanne tokko dubartoonni hijaaba uffatan waa'ee hawaasichaa fooyyessuu irratti dursanii deeman fakkaatu. Ilaalcha kanaan, hijaabni sirritti sadarkaa kutaalee hawaasichaa wal qixxeessa. *Wiliyaams* akka addeessetti dubartoonni Masrii uffannaa hijaabaa akka hawaasichaa baraaruutti ilaalu; diigama hawaasichaa (furachuu wadaroo hawaasummaa irraa) ittisu jechuudha.

### *4) Dhageettii Hawaasummaa Horachuuf*

Dubartoonni hijaaba uffatan kan yeroo ammaa cufti fedhii fi jaalala amantii gadi fageenyaa qabaataniitii miti. Dubartoota kanneen keessaa muraasni salaata shanan hin salaatan. Garuu hijaabni sochiiwwan hawaasummaatiif haala mijeessa: qacaramuuf, kabajamauu fi miidhaa dhiiraan dhufu ittisuuf itti dhimma bahu.

### *5) Eenyummaa Dhuunfaa Ibsachuuf*

Sababni biroo kan hijaaba uffataniif keessattuu dubartoonni Dhihaa, eenyummaa ofii ibsachuufi; akka gaafa Nooyidaa, dubartii dhaloota lammataa tan hidda dhaloota Eeshiyaa fi Biriiteen qabdu Waggaa 16[tti] haguuggatuu jalqabde "…hijaaba uffachuun akka hawaasummaa jabeessu na godha, mallatoo eenyummaa kooti, ammas mallatto amantiin koo anaaf barbaachisaa ta'uu ittiin ibsadhu" jette.

### *6) Duudhaa*

Dubartoonni Muslimaa hedduun hijaaba kan uffataniif kabaja maatii ykn duudhaawwanii fi aadaa hawaasaatiifi. Barsiiftuun umrii 35 tan Sa'uudii Arabiyaa, tan Ameerikaa irraa barumsaan BA digrii qabdu, wanti jette: "eeyyan, hijaaba fedhima kiyyaan uffadha' Almunajjid, 'fedhiin kee maal irratti

hundaa’a? jedhee gaafannaan, ‘duudhaa koon qabadha. Hijaaba uffachuun qaama eenyummaa nama tokkoo tan dubartii Sa’uudii taateeti; kun ragaa namni tokko dubartii Sa’uudii ta’uu fi sonoota, aadaa fi duudhaa Sa’uudii mul’isuuti; mucayyoo tiyyas akka hijaaba uffattu barsiisa” jette.

### *7) Ulaagaa Seera Biyyattii*

Uffannaan hijaabaa Iraan keessatti erga bara warraaqsaa 1979 fi Afgaanistaanitti bara 1998 yeroo Xaalibaan angotti bahee booda ulaagaa seera biyyattiiti.

## ***Hiika Hijaabaa: Ilaalcha Sabaa Himaalee Warra Dhihaa***

Walxaxiinsa hawaasummaa kan kaka’umsaa fi hiika hijaabaa fi isa sabaa himaalee warra Dhihaa waaltawoo gidduu garaa garummaan jiru ifaadha. Sabaa himaaleen warra Dhihaatiif, walumaa galatti, hijaabni akka waliigalaatti mallattoo cunqursaa fi fokkinaa suukaneessaa Islaamaa (Shoorokeessaa, jeequmsaa, gara-jabeennaa fi duubatti hafiinsaatti) addeessan. Kun boca dursa murteessanii ykn kayeffatanii hiikkaawwan kanaan walsimsiisaniidha.

Yeroo koloneeffannaa sana, yeroo hijaabni mallattoo mormii warra haaraa Dhiha jala deemanii ta’e sana, 1990moota keessa, jechi ‘hijaaba’ jedhu jecha bu’uura Islaamummaa xureessuuf ykn busheessuuf qofa itti fayyadamaniidha. Mata-dureewwan armaan gadii ilaaluun ni danda’ama: “Uffannaa Sodaa Islaamaa”; “Dubartoota Hijaabaa: Hidhattoonni Islaamaa dubartii gara bara gabrummaa seera-qabeessaatti deebisaa jiru”; “*Foulard. Le. Complot*: comment le Islamists nous inflitrent [Hijaaba.Shira: akkamitti Islaamistoonni nu seenaa jiru; “Sodaa Islaamaa kan Hijaabaa”; “Hijaabni Gocha amantiiti ykn sodaa

hawaasaati?”; Ministeerri Faransaay akka jedhe “Hijaabni Islaamaa waliin jireenyaa fi michummaa manneen barumsaa Faransaayii keessatti sodaadha,:.” “Seera Haaraa: Hijaaba uffadhu; Jiraadhu”; “Dubartoota Hijaaba duubatti hafte (dhokatte)”.

Kanaafuu, hijaabni akka mallattoo gadi aantummaa dubartii fiduu wahiitti Islaamummaan walqabsiisan. ‘Hijaabni aasxaa cunqursa dubartii’ shakkii hin qabne ta’ee dubartii fedhii hin qabne dirqiin ykn malaan, gara-jabeenyaan ykn sodaachisaa itti oofaniitti mul’ifama. Mallatoo sodaachisaa ykn jeequmsaatis ta’eeti mul’ata. Garuu, akka armaan olitti ilaalletti, dubartoonni biyyoota Muslimaa hedduun fedhimaa fi jaalala isaaniitiin hijaaba uffatan. *Scroggins, Goodwins* fi *Brooks hands* keessatti, dubartoonni kunniin ifa bahaniituma haala waa hin yaadneen, gowwummaa fi fokkisoodhaan akka waan yaadni Islaamistootaa guutumatti kanaaf itti gaafatamaa ta’eetti lafa kaa’uun dhiirumaan qixa dubartoota Muslimaa qeequtti hammaatan. Yaada faallaa kanas dhiirota tumsuun hammeessan. Dargaggoonni, warroonni qo’annoo akaadaamiitiin ciccimoo, qo’annoo *Goodwin*’s keessatti, haaluma salphaan yaada ‘fiinxaaleyyummaa’ yaadaati guddatan, umrii fi haalli hawaas-diinagdee gargar ta’us. Namoonni ‘hedduun wayyabaa’ isheen baantu kanneen gaafii fi deebii jalaa miliqanis hayyoota armaan olitti tuqaniin ibsamanii jiru. *Brooks’ hands* keessatti akka mata-duree guddaa fuulduratti biyya isaanii of duubatti deebisaniitti addeeffaman. Qorannoon hayyummaa isanii kan badii sunuu hin jiru. Fakkeenyaaf, ilaalchi *Macleod* kan hawaasaa jireenya gadi aanaa Kaayiroo keessatti hijaabni kallattiin sochii Islaamummaa Masrii wajjiin hidhata hin qabu jedhu, ykn immoo gadi jabeessaan Zuhurii fi Ruuhii kan iimaana ykn sodaa Rabbii irratti hundaa’a jedhu, dhimmoota hawaas-diinagdeetii miti

jedhan. Ammas ilaalchi *Brenner* kan dubartoonni *Javaanotaa* guddina waaraa kan fidan, dubartoota ammayyaa’oo fi kanneen deebisanii ofii isaanii kabachiisuun hawaasaa isaanii guddisanii dha jedha.

## Boqonnaa Afur

### Mernisii fi Marii Dheeraa Hijaaba Irratti Jiru

Kitaabban lamaan Qabsooftuu mirga dubartii lammii Morokoo, Faaximaa Mernisii: *Hijaabaan Duubatti* fi *Hijaabaa fi Hayyoota Dhiiraa* jedhaman, waa'ee hiikaa hijaabaa irratti warra Dhihaa biratti bal'inaan hojii irra oolaniiru. Kitaabban lameen keessattuu, Mernisiin kan mormitu hijaabni mallattoo dhiironni haqa hin eegganne dubartoota irratti ol'aantummaa ittiin mul'isaniidha jetteeti. Kitaabni koo kan xiyyeeffatu yaada hamii fi dhiibbaa hijaabni mallattoo cunqursaa dubartiiti jedhu xiqqeessuu irratti yoo ta'u, yaada Mernisiin ittiin falmitu kan kitaabban lameen keessa jiru kijibsiisuu keessatti hedduu murteessaadha.

### Mernisii fi Tooftaa Isheen Fayyadamte

Yaadni dhuunfaa kan Faaximaa Mernisii Morokoo keessatti guddachuun muuxannoo gahaa argatte jedhu naannoo barruulee ishii irraa daran hin fagaatu. Odeessi seenaa jireenya Mernisii akka addeessutti ishiin hijaaba wajjiin hariiroo cimaa qabaachuu fi bara Lola Addunyaa Lammaffaa, yeroo umriin ishee waggaa sagalii gadii, ishee fi mucayyoon wasiila ishee(durbiin ishee) halluu rifeensa isaanii jijjiiruu akka fedhan ykn immoo warroota *Hi-Hitler* kanneen rifeensaa fi ija gurraacha argaa jibban jalaa mataa haguuggachuu fedhan. Isaan bakka namoonni mataa gurraachaa jiranitti qilleensarraa bombii (dhootuu) gadi darbachuun nama fixan waan turaniifi. Mernisiin uffata mataa kan haadha ishee uffachuun dallansuu haadha ishee kan yeroo hunda: "Ati yeroo kamuu rifeensa mataa irratti waa hin uffattu" jettee itti iyyitu jalqabsiifte. "Na hin hubattuu? Yoomiyyuu hin uffattu! Ani hijaabaan mormaa jira; ati ammoo

ni uffattaa? Maal kun wanti fokkataan... osoo *Hi-Hitler,* Mootichi ool’aanaan *Allemane,* illee si duubaan jiraatee rifeensa mataa qullaa si argata ta’ellee akkanumatti jiraachuu qabda. Matatti haguuggachuu fi dhokachuun nama hin baasu. Rakkoo dubartootaa dhokachuun hin furu; akka salphaatti balaaf saaxilamtuuf gargaara malee. Akkayoo teetii fi anis sababa uffannaa kanaa rakkoo guddaa arginee jirra. Kun akka homaa hin fayyadne ni beekna. Ani ijoolleen too akka mataa isaanii ol qajeelchanii dhaabanii fi dachee Rabbiin uume irra ija isaanii asii achii garagalchaa deeman fedha” jedhaanii turte.

Haala kanaan, akkamitti mucayyoon daa’imti ol guddattu ilaalcha faallaa hijaabaa malee waan biroo horachaa deemti? Dubartiin ol guddattu yoo hijaaba uffachuu feete akka duubatti haftuu ykn farra-guddina biyyaatti ilaallamuu akka maltu yaaddu malee ni murteessitii? Mernisiin ammas yaadannoowwan faallaa kanneeniin, kan handhuurri qorannoo ishee hundi sababa dhibee ishee qorachuu fi furmaata laatuufii ta’een, jeeqamaa turte. Sirna kana eenyutu hin balaaleffanne? Dubartoonni dirra ishee isaannan hin baratin hijaaba haa uffatan (fuula isaanii niqaabaan haa haguugan) malee yeroo ala akka bahan hayyamamuuf hijaaba uffachuun cunqursa dubartii kan geessu ta’uun ragaa of danda’aadha. Rakkoon jiru Mernisiin muuxannoo ofii ishee kan uffannaa hijaaba sirna jireenya Morookoo keessa akka ragaa dhugaa ykn hiika sirrii kan uffannaa hijaabaatti fudhachuu isheeti. Akka ani booda fuulduratti bal’inaan ibsuuf deemutti, wanti Mernisiin irraanfatte tokko heddumina barmaatilee Islaamaa naannawa hijaabaa jiranii (hiika isaanii akka boqonnaa sadii keessatti ibsametti) fi heddumina ilaalchota Islaamaa kan naannawa hijaabaa jiraniidha. Wanti isheen yaalii goote adeemsa sirna hawaas-diinagdee fi siyaasaa Morookoo kan seenaa jaarraa 20ffaa isa

sirna Arabiyaa kan jaarraa 7ffaa–wajjiin walqixxeessuun wanti jaarraa 20ffa keessa Morookootti ta'e mul'ata Nabi Muhaammad (S.A.W) qixa sirriitiin Islaamummaa ibsu ykn bakka bu'uudha kan jedhu ture. Ammas wanti isheen walqixxeessuu yaalte wanti Morookootti raawwate, haaluma isheen hiikkaa hijaabaa irratti xiinxalteen (tartiiba hawaasummaa Muslimaatiin) addunyaa Muslimaa hedduu keessatti raawwate; akka waan Indooniiziyaa, Baangilaadesh, Morookoo, Sa'uudii Arabiyaa fi kkfn fa'a sirnootuma bara hawaasaa Muslimaa durii (Arabiyaa jaarraa 7ffaa keessaa) tiin walqixxeessiti.

Kanaafuu, Mernisii wajjiin karaa bu'uuraa lamaan wal dhabna: (1) adeemsi seenaa kan hiikkaa mallattoolee Islaamaa qabiyyee akkaataa Islaamni bakkaa fi yeroo adda addaatti itti raawwatuu hubachuu dhabuudha. (2) Adeemsa dhiphataa kan heddumina ilaalchota naannawa hijaabaa irratti jiruuf beekamtii hin kennineedha. Arrabsoo fi tuffii faallaa hijaabni mallattoo Islaamaa kan dubartii hacuucu jedhu kana afoo dhaabadhuuf, wanti gaafatamuu qabu, hawaasaa akka Mernisiin dubartiif miidhaa fida jedhuu san Islaamummaan kan fedhuu kaan gaafachuudha. Yookaan ammoo haala dubartii mijeessuuf filannoon biroo kan jiruu kaan ilaaluudha. Boqonnaa kana keessatti, wanti ani qeequ, mormiiwwan Mernisii ilaalchi Islaamummaa waa'ee dubartiin walqabatu irratti ture, hundeewwan bu'uura Islaamaa, Qur'aanaa fi Hadiisaan (jechoota, gochootaa fi taateewwan Rasuulli (S.A.W) raggaassisaniin) wajjiin walfaallessa kan jedhuudha. Mormiin koo miidhaawwan dubartii miidhan tokko tokko barmaatilee hawaasaa Muslimaa keessa hin jiran jechuu koo miti. Waldhabdeen anaa fi ishee waa'ee bu'uura Islaamummaati (Mul'anni Qur'aanaa faallaa dubartootaati moo miti?) kan jedhu irratti. Hiikkaan mul'ata Qur'aanaa kan waa'ee tola dubartii

kallattii ilaalcha Mernisii fi hiikkaa Qur’aanaa kan hacuuccaa dubartiitti akeeka jedhamu ni faallessa.

## Dubartootaa fi Waa’ee Fedhii Saalaa Qur’aanaa fi Hadiisa Keessatti

Dhimmi Mernisii waa’ee hijaabaa kan irratti hundaa’u yaada xumura ishee kan ilaalchi Islaamummaa waa’ee fedhii saalaa dubartootaa akka hamaa ta’ee fi too’atamuu qabutti ilaala kan jedhuudha. Isheen ammas dabalataan wanti mormitu ilaalchi Islaamummaa wa’ee ‘dubartummaa’ kabajaa miti, xuraa’ummaadha, Islaamummaan jaalala saala garagaraa (dhiirsaa fi niitii) ni faallessa kan jedhu ture. Dubartoonni hariiroo dhiironni Waaqa wajjiin qabaniif ni sodaachisu; kanaaf haguuggamuu qabu, fooyamuu fi hawaasaa Muslimaa irraa adda bahuu qabu kan jedhu ture.

Qur’aanaa fi hadiisni gadi fageenyaa fi hubannaa qixa sirriitiin yoo xiinxalaman garuu, mormiiwwan kanneen keessa tokkoyyuu fudhatama hin argatan. Akkan *Winter* beeksiftetti, Islaamummaan fedhii saalaatiif ilaalcha sirrii qaba. Kunis jecha Imaam An-Nawawii fakkeenya godhachuun: “Wantoonni fedhii namaa banan cufti onnee namaa jabeessan, fedhii saalaa malee kan onnee namaa laaffisu” jedhan. Qur’aana keessatti wanti dubartoota akka qaamota fedhii saalaa hamootti ilaallu ykn addeessu hin jiru. Inumaayyuu, kan jiru dubartootaa fi dhiironni hundeedhaan walfakkaachuudha; lubbuu takkarraa waan uumamanii fi hafuura qulqulluu waan fuudhaniif jecha. Kanaafuu akkamitti ilaalchi Islaamummaa kan waa’ee dubartootaa kan kabaja hin qabnee fi Waaqarraa dhufee miti jedhama? Qur’aanni keeyyatoota waa’ee jaalalaa fi kabaja fedhii saalaa dhiiraa fi dubartii irra deddeebiin addeessa; Mernisiin osoo hundumaa ilaaltee nama ajaa’iba (fakkeenyaaf: Qur’aana

30:21). Fakkiin Qur’aanaa kan jaalala gama lamaanii, walii yaaduu, keessaan walii dhiphachuu fi walii galuu gidduu dhiiraa fi niitii kallattii ilaalcha Mernisii irraa hedduu fagaata. Ilaalchi ishee: “seerri Muslimaa wanti akka farra ykn diina qaroominaatti balaaleffatu: jaalala jidduu dhiiraa fi dhalaa akka walii galaatti, keessattuu kan dhiirsaa fi niitiiti” kan jedhuudha. Gadi jabeessuuf jecha, Islaamummaa keessatti, waa’ee qaamaa fi fedhii isaa wanti fokkataa fi hin barbaachisfne hin jiru. Dubartiin, Jannata keessaa baafamuu keessatti qooda fudhattus, itti gaafatama guutuu hin fudhattu (Aadamtu fudhata). Yakka bu’uuraa wanti jedhu hin jiru (Waaqni yeroma sana dhiifama godheefi); sababa kanaaf xuriin isheen walqabatu hin jiru; akka duudhaa amantiiwwan biroo keessaa sanii miti. Fedhiin uumama malee sheeyxaanummaa ykn fedhii gaarii faallessuu miti; qabiyyee yaada gaariis murteessu malee. Sana jechuun, fuudhaa fi heerumaan fedhii saalaa guuttachuun kan jabeeffamuu fi badhaasas qabuudha. Fuudhaa fi heerumaan ala fedhii saalaa guuttachuun kan balaaleffatamuu fi adabbiis qabuudha. Jireenya nama Rabbitti amanee keessatti, hojiin kamiyyuu, qor-qalbii (*niyyah*) gaariin yoo hajjatame, akka gabbartiitti ilaallama. Kanaafuu, wal-qunnamtiin saalaa, kan gidduu Rabbii fi dubartootaatti yaada faallaa uumu osoo hin taane, gocha dhiirotaa fi dubartoonni lameenuu akka badhaasa Rabbirraa argatan godhuudha (yoo seera-qabeessa ta’e). Kanaaf, hijaabni mallattoo amantii kan faallaa dubartii kan dubartummaa duguuguu fedhuu miti; ykn kan dubartii hawaasaa warra amananii irraa fooyuu miti.

## Xumura

Mormiin Mernisii kan hijaabni dubartoota hawaasaa amantaa irraa, ummata bal’aa fi kkf irraa adda baasa jedhu yaada dubartoota boqonnaa sadi keessatti adeeffamaniitiinii fi dubartoota ani boqonnaa lama keessatti gaafiif deebii godheefiitiin faalleffame. Sagaleewwan dubartoota hijaaba uffatanii cinatti qabuu fi sadarkaa cunqurfamtoota riphootti gadi buusuun, Mernisiin ilaalcha (dubartoota uffatan irratti) warra koloneeffattootaa fi fakkaattota isaanii deebistee affeeraa jirti. Mul’anni ishee xinneessaa fi walxaxiinsa hawaas-loogikii uffannaa irratti jiru kan haalu ykn irra dabruudha.

Yoo tilmaamni ishee, ‘Islaamummaa keessatti gidduu dubartummaa fi kabaja Waaqaa waan wal-faallessutu jira’ jedhu, kan dubartoonni hijaaba uffatan of gadi qaboo, xiqqaatoo fi kophaa bahoodha jedhu dogongora ta’e; ani kan jedhu, hijaabni hiikaa fi hubannaa garagaraa qaba yaada jedhuudha.

## Boqonnaa Shan

## Yaad-Didda Waa'ee Hijaabaa Filannoo Isa Biraa

Qabxiilee kitaaba kana keessatti ibsamuu barbaachisan keessaa tokko qabiyyee hawaasummaa hiikkaawwan hijaabaa irratti kennaman irratti dhiibbaa kan geessu ta'uu isaati. Boqonnaa kana keessatti, kaayoon koo hiika hijaabaa irratti ilaalcha qixa sirrii fayyadamaan ammayyaa aadaa jaarraa digdamii tokkoffaa beekuu qabu uumuudha. Falmiin koo, sababa sirni kaappitaalizimii qaamumaa fi meeshaa irratti xiyyeeffatuuf jecha, hijaaba uffatuun akka guddinaa fi muuxannoo bilisummaa dubartootaa ta'ee fudhatamuu isaati. Mormiiwwan ykn qeeqni waa'ee dubartummaa kan ilaalcha dhiiraa fi qaama dubartii meeshaa fakkeessuu sirna kaappitaalizimii jiddutti hijaabni meeshaa dubartii aangessu ykn humneessu ta'ee kan haalota lameen kanneenis ofirraa ittisuudha. Kutaawwan C,D fi E keessatti, wanti ani cimsee qeequ mormiiwwan hijaaba irratti ka'an beekamoo kan akka: hijaabni dubartoota hacuuca; dubartoota meeshaawwan saal-qunnamtii godha; filannoos dhabsiisa kan jedhuudha. Boqonnichi kutaa 'F' tiin yeroo guduunfamu hijaabni duudhaa amantii kan ijjannoo cimaa ta'ee meeshaa'ummaa ammayyaa kan gadi jabeessee faallessuudha.

### A. Hijaabaa fi Bilisummaa fi B. Hijaabaa fi Ilaalcha (Gadi Fagoo) Dhiiraa

Maxxansa *mainstream*iif yeroo barreessan, *Nahiid Musxafaa* fi *Sulxaanaa Yuusufalii*, hijaabaa akka mallattoo hacuuccaa aadaa warra Dhihaa jalaa bilisa nama baasuutti dhiheessan. Kana hojjachuu isaaniitiin, xiinxala dubartummaa gosa lamaa fayyadaman. Kan jalqabaa, qaama dubartootaa

meeshaa fi wantatti fakkeessuu duudhaa warra Kaappitaalistii fi kan lammataa, yaad-didda maqaa beeksisaatiin dubartii irratti raawwatamuudha.

*Orbach, Bordo, Wolf, Ussher, MacKinnon, Dworkin*ii fi kanneen biroos waa'ee fakkii dubartootaa aadaa warra Dhihaa keessa jiruu gadi fageenyaan xiinxalanii jiru. Wanti isaan gamaaggaman rakkoo qaama dubartii meeshatti fakkeesuu (idol) fi beeksisa, mul'isa saal-qunnamtii, aartii, fiilmii fi kkf dhimma itti bahuu isaaniiti. Qeeqni guddaan jiru qaamonni dubartii akkasitti wanti dhimma itti bahamuuf fedhii saala (kan dhiiraaf dhalaa) dhiirotaa guutuuf yoo ta'u: dubartiin bareeda; qaamni ishee fedhii saalaaf nama harkisu ergaa jedhu dabarsuufi. Aartii keessatti (keessattuu dubartii qaama qullaa) fi suura saalaaf nama harkisu keessatti, dubartiin calliftuu, of gadi qabduu, tan akka qabeenyaatti dhiirootaaf kennamtu taasifameeti hojjatama. Fakkii fi fiilmii keessatti ammoo, suuraan ijaan mul'ata. Hayyoonni waa'ee dubartii qoratan tokko tokko fakkiin qabatamaan (video) addunyaa qabatamaa keessatti dhiibbaa qaba jedhan akka ilaalanitti "fakkiin ykn viidiyoon dubartoota meeshaa fedhii dhiiraa guutuuf kennamaniifiiti" jedhu. Dabalataanis, qaama dubartii akkanatti dhaabuun aartii wajjiinis wal hin simatu; bifa fakkiitiin bakkuma hunda keessattuu beeksisa irra kan jru, fakkeenyaaf qaamni dubartii ujumoo konkolaataa kan aara gubataa baasu irra kan jiru, miila dubartii kan kaartoonii midhaan ittiin saamsamu irra jiru "Heddu bittan hedduu argattan" kan jedhu fa'a sirrii miti. Hariiroon kamuu oomisha gurguramaa jiruu fi qaama dubartii kan saal-qunnamtiif saaxilame gidduu hin jiru; qaamni wanti achi kaa'ameef xiyyeeffannaa harkisuufi. Dhiira dubartoota hedduu wajjiin saal-qunnamtii godhuu fedhuufis dinqisiifannaadha; barumsa qaamonni dubartootaa meeshaadhuma jedhu kenna. Haala

kanaan qaama dubartootaa meeshaa fakkeessuun wanti qeeqamuuf, isatu dubartoota namummaa irraa baasee meeshatti jijjiiruun namooma isaanii waakkachiisa.

Pirojektii hayyoota dubartootaaf falmanii keessaa kuni akkaan barbaachisaa fi kan jijjiiramuu fi sirraa'uu qabuudha.

Ilaalchi Musxafaa fi Yuusufalii hijaaba akka mala harkisa meesheffamuu fi wanteeffamuu jalaa ittiin bahanii fi wanta dubartoota namooma irraa mulqame sana ittiin deebisaniifiiti. Amantaa hijaabni dhiibbaa ilaalcha dhiiraa kan dubartoota meeshaatti fakkeessuu sana balleesuun jedhu qabaachuun alatti, Musxafaa fi Yuusufalii hijaabni bilisa nama baasaayyu jedhu. Sababnis, dubartoota gaaga'ama tapha bareedinaa jalaa baraara. Taphni bareedinaa yaalii dubartoonni fakkiiwwan dubartoota addunyaa babbaareedoo of fakkeessuuf godhaniidha. Uffata dheeraa, baldhaa fi rifeensa mataa haguuggachuun, "raafama industirii faashinaa fi dhaabbilee dubartoota beeksisaaf itti fayyadaman jalaa bilisa bahu."(Yuusufalii). Tapha bareedinaa filachuun, akka mallatoo hacuuccaa duudhaa Islaamummaa jalaa isaan bilisoomsuutti fudhatu. Kanaaf, hijaaba uffachuun eenyummaa Islaamummaa, eenyummaa saba xiqqaa (fuula warra Dhihaa biratti), keessattuu ergaa fedhii uffata faashinaa uffachuu, bareeduu fi nama harkisuu jedhu sana faalleessuu barbaachisa. Duudhaa Islaamummaa akka mala bareedinaa isaan baanan sana ittiin ofirraa deebisuu fi ittiin falmuutti itti fayyadamu. Dubartoota kaneenii fi isaannan biroo kanneen sammuu gaarii qabaniif, hijaabni meeshaa ittiin warra Dhihaa irraa of eeganiidha. Inumaayyuu keeyyata qarummaa sobaa kan: "Dubartoonni mirga walqixaa akka harma ofii bakkeetti baasuu (akka dhiironni isaan amananiif) hin qaban" jedhu qaban. Musxafaan akka jedhutti dhimmi kun warroota dubartummaaf falman

kanneen hijaabni ilaalcha sobaa ta'uu dubartoota qarree ta'anitti gargaarsifachuu fedhan fuula keessa deebise.

### C. Hijaabaa fi Dubartummaa

Kallatii ilaalcha warra qamaa dubartootaa fannisuun sirrii fi qajeela jedhuutiin, ("Yoo argatte, fannisi" kan jedhu aadaa warra Dhihaa keessatti ergaa beekamaadha.) "Isa haguuguun" ammoo dubartumaa fi bareedina dhoksuudha jedhu. Yeroo hedduu uffatuma dubartoota Muslimaa warra hijaaba uffatanii ilaaluun dhama'anii dubartummaa fi saal-qunnamtiif harkisuu dhabuu isaa balaaleffatu. Kutaa kana keessatti, yaada hijaabni dubartummaa fi saal-qabeessummaa ishee haala jedhu sirreessuuf jecha, qabxiilee afuriin gorsa. Jalqaba irratti, dubartiin yeroo hundaa miti kan hijaaba uffattu. Akkasitti fakkeeffamee ilaallamus, hijaabni uffata yeroo ummata keessaa/kophaa jedhamee uffatamuu miti; namoonni hariiroo dhiigaa ishee waliin qaban (firri, rahimni) jiraachuu fi jiraachuu dhabuu irratti hundaa'a. Kanaaf, dubartiin yemmuu dhiira ykn dubartii maatii ishee waliin jirtu hijaaba hin uffattu. Haaluma walfakaatuun, alattis, yemmuu ilaalcha dhiirota fira hin ta'inii irraa bilisa taate hin uffattu. Kan lammataa, dubartoonni akka uffatanii babbareedan jajjabeeffamu, qaama isaanii akka kunuunsanii fi abboota warraa isaaniif akka bareedanis gorfamu. Sadaffaa, dhimmi hawaasummaa hedduun bifa faashina gara garaatiin waan jiruuf, dubartiin kophamatti walitti qabamuu qabu. Qophiiwwaan akkasii irratti dubartoonni hedduun dibata (makeup) fi uffata gaarii uffachuu jaalatu. Fakkeenyi guddaan tokko uffata yeroo misirroon heerumtu uffattuudha. Yeroo kana dubartoonni biroos uffata babbareedoo uffatu. Qophiiwwan muraasa irratti dubartoonni harka walii halluu (hiinnaa) tiin wal-dabaree waliif dibu. Sirbuu fi dhiichisuun beekamaadha. Dubartoota manguddooman kan dhiichisan, harka dhahanii fi

ragadan arga; misirroos akka sodaa dhiiftee ragadaa qaamaanis socho'aa taphattu kakaasaa. Afraffaa, walfakkeenya gidduu hijaabaa fi karooraawwan dubartootaa kan biroo ummata keessatti kan warra dhiiraa of fakkeessuu (rifeensa isaanii cufaa haadachuu) fa'a warroota dubartummaa faarsan biratti beekamaadha.

## D. Hijaaba, Karaa Fedhii Saalaa fi Haala Bu'uuraa

Warren walabummaa fi ijaarsa durii faarsan lamaanuu wanti tilmaaman amalli namaa fi fedhiin isaa hawaasummaadhaan walitti hidhata. Karoorri kamiyyuu, kan akka hijaabaa, kan duudhaa adda addummaa dhiiraa-dubartii walitti hidhu shakkiidha jedhu.

Qur'aanni mataan isaatuu hijaaba uffachuu irratti gadi fageenyaan ibsa hin kennine; garaa garummaa uffata dhiiraa dubartiis akkasuma jedhu. Garuu, Qur'aanni ibsoota gaggabaaboo lama kan ragaa ta'uuf gahuu danda'an kennee jira. Yemmuu keeyyattoota akka Suuraa 24:31 fa'a xiinxallinu, kan isa keessatti dubartoonni: "Guftaa isaanii qoma isaaniitti gadi haa geeffatanii, kan yeroo hedduu hijaabatti hiikamuu) fi keeyyata 33:59 kan "Uffata isaanii kan alaa qaama isaanii irratti gadi haa geeffatani (yemmuu ala bahan)፡ santu irra caalaadha, akka beekamanii fi miidhaan isaan irra hin geenyeef jecha" jedhu fa'a irratti wanti na amansiisu falmiin Qur'aanni godhuu hawaasa keessatti hariiroon dhiiraa fi dubartootaa gidduu jiru kan dubartoota miidhu yoo ta'u, alatti uffachuun isaanii rakkoo kana ni hambisa kan jedhuudha. Asirratti uffata akkamiiti, akkamittis uffatama kan jedhu garuu Qur'aanni osoo hin deebisin hafe. Garuu, yemmuu keeyyata Suuraa 24 dubbifnu, kan dhiirotaa fi dubartootas "ija gadi haa qabatan, kabaja ofiis

haa eegan” (24:30-31) jedhu, wanti ani tilmaamu Qur’aanni durumaayyuu haala ilaalcha dhiirotaa kan armaan alitti tuqame sanatti akeekaa jiraa; haala fedhii saalaa kan dhiiraatiifis dursa kennaa jiraa kan jedhuudha.

Haalli bu’uuraa kan hamaa ta’u yemmuu ol aantummaan/gadi aantummaan dhiiraa dhalaa dhaalamee jaarraa hedduuf turu, ture, sun mirga dubartootaa kan bu’uuraa kan akka: jiraachuu, barachuu, filachuu fi kkf waakkatuutti ilaaluudha. Haa ta’u malee, Qur’aanni garaa garummaa dhiiraa fi dhalaa akkanaa kanatti hin qajeelchu (akeeku). Wanti anis mormu Qur’aanni inumaayyuu walfakkeenya dhiiraa fi dubartii jabeessee addeessa kan jedhuudha. Fakkeenyaaf, keeyyata 4:1: “Yaa ilma namaa!, Rabbii keessa kan nama dhuunfaa irraa isin uume san, kan isa irraa dubartii isiillee uume sodaadhaa” jedhu keessatti walfakkeenya mul’isa. Ergaan Qur’aanni nuuf dabarsu ibsa dubartoonni hawaasa bal’aa keessatti miidhamuu danda’u jedhu ta’u, hijaaba uffachuun haaluma bu’uura adda addummaa dhiiraaf dubartii qofa osoo hin taane, akka karoora kabajaa dubartii eegsisuutti. Walumaagalatti, dubartoonni manguddooman akka hin uffanne ni hayyamamaafi (24:60). Faallaa ijjanoo warra walabummaa fi qarooma boodaatiin, kan waliin jireenyi hawaasummaa miidhaa dhiironni dubartoota irraan gahan ni balleessa jedhuu, Qur’aanni haalli kuni amaluma uumama ilma namaati jedha. Kun murteessummaa ceelii hormaataa kiroomozomoota XY kan dhiirri dubartii miidha ykn cunqursa jedhu hin mul’isu: dhiironni hedduun dubartoota haaluma gaariin qabu. Inumaayyuu, hawaasessummaatu amala dhiiraa kan akkanaa akka baay’ifamuu fi baay’atu taasisaa jira.

Kanaafuu, qeeqni kiyya, hijaabni haala fedhii saalaa dubartii hin dhiibu kan jedhuudha. Hawaasa dubartii hijaabaa keessa jirtutu haala fedhii saalaa dhiiraa fi dubartii hubatee,

keessaa fi alaanis, keessattuu ija ummataa fuulduratti tajaajila fooyya'aa argata.

## E. Hijaabaa fi Filannoo

Hayyoonni sochii hijaaba deebisanii uffachuu, walumaagalatti kanneen akka warra Dhihaa, uffachuun filannoo dubartootaa ta'uu ni shakku. Yaadni gadi fageenyaan isaan keessa jiru dubartoonni dirqisiifamanii, sammuu isaaniis jaamsanii gara filannoo uffachuutti geessan jedhu. Yaadni jiru akkana: "yoo uffachuu filatte, bareeda, hawaasa keessatti wanti hubatamu hijaaba uffachuun gaariidha kan jedhutti amanuu kee ibsa. Garuu, osoo akka dubartiitti dhugaan fedhii kee beektee, silaa hijaaba uffachuun akka gaarii hin ta'in ni hubatta turte. Kanaafuu, murteen uffachuun bareeda jedhu sun waanuma sobamteef malee sirrii miti kan jedhu addeessa. Anis dhugamatti yemmuu Muslima hin ta'in dura kunoo akkanatti yaadaa ture.

Hariiroon gidduu aadaa nama dhuunfaa fi dandeettii waa filachuu isaa walxaxaadha; waan filannoon yeroo hedduu gidduu duudhaa baratamee fudhatama qaba jedhamuu fi fudhatama hin qabnee naanna'uuf jecha. Warra Dhihaa biratti, akkuma boqonnaa sadi keessatti qeeqaa ture, bakka bilisummaan bal'inaan jirutti, filanoo namootaatiif ulaagaaletu jira. Hawaasonni warra Dhihaa ammas dubartoonni akka harma isaanii haguugan (keessattuu ummata afotti) fedhan; bakka dubartiin qofti itti walgeettetti yoo ta'e malee (bakka bashannanaa fa'a). Namni tokko lakki dubartoonni aadaa ykn duudhaa isaaniitiin hacuucamanii harma isaanii haguugaa jiran jedhee mormu hin jiraatu. Garuu dubartoonni hedduun daangessa kana ni fudhatu; yemmuu uffatuuf deemanis harma isaanii kan dhokfatan fedhima ofii isaaniitiin jedhanii amanu. Hijaaba waliin tokkuma: aadamaan uffata hawaasa Muslimaa hedduu keessatti raggaassifame ta'ee akka dubartoonni

fedhimaan uffatan godhame. Haa ta'u malee biyyoonni gariin (fakkeenyaf Turkiyaan) hijaaba hin hayyaman. Garuu, wanti ani falmu, warri biyyoota hijaaba filannoo dubartootaa isa dhugaatiif dhiisanii, isaannan akka Iraanii fi Xaalibaan Afgaanistaan (warroota hijaaba uffachuu dhiisuun seeraan gaafachiisu malee), yeroo gaaga'ama hawaasa addunyaa Muslimaa sani kan hijaabni akka mallattoo jeequmsaa faallaa dubartii ta'uun uffachuuf dirqisiifamaniiru. Jequmsi akka kanaa kan faallaa dubartootaa kun fudhatama hin qabu. Ani asirratti wanti baanu hariiroon hijaabni hawaasa keessatti qabu filannoof yoo dhihaate; bilisummaa uffatuu ykn uffatuu dhabuuti.

## F. Hijaabaa fi Amantii Jabeessuu

Sababa ajaja amantiitiin, yemmuu sababa sodaa Rabbiitiif jecha dubartootaan itti yaadamee uffatame, akka boqonnaa lama keessatti namootni ani gaaffii fi deebii godheef jedhan sani, hijaabi akka seensa amantii Islaamaatti fudhatama. Akkuma amantiiwwan gurguddoo adunyaawoo biroo, barruuwwan Islaamaas jireenyaa boodaatti jabeessee waamuun Muslimoonni addunyaa dhihoo calaqqiftuu tanaan akka hin dagamne akeekkachiisa. Qur'aanni sammuu namoota akka guyyaa kaafamaa yaadan godha; gaafa lubbuun kamuu hojii isheetiin (gaariis hamaas ta'u) madaalamtu. Sodaan Rabbii, kan walitti fufiinsaan yaadachiifamnu, meeshaawwan addunyaa dhihoo tanaa irra daran barbaachisaadha; uffannis as keessa seena. Kanaafuu, hijaaba uffachuun akka gocha Sodaa Rabbiif godhameetti kan jajjabeeffamu ta'us, sadarkaa gadi aanaadhaani kan kaayame. Hadiisni *Sirrii Muslim* Baase akka addeessutti: "Rabbiin dhaabbata keessan (akkam akka fakkaattan) ykn qabeenya isin hin ilaalu, garuu onneewwanii fi gochaawwan keessan ilaala."(Lak. 2564).

Karaan biroo kan hijaabni, yoo akka dhimma amantii jabeessuutti fudhatame, aadaa warra Dhihaa kan kaappitaalizimii meeshaa'ummaa faallessuun tokko, ergaa Qur'aanaa kan waa'ee qaama namaa qajeelchee uumuuti. Warra Dhihaa biratti waldhabiinsi nyaataa fi qaamaan gammaduu dhabuun sadarkaa yaachisaa irra gahaa jira. Kuni kan ta'e aadaa warra Dhihaa kan waan cufa Rabbitu uuma (boca qaamaas dabalatee) jechuu hin beekne keessatti. Wanti ta'uu malu, yaada qaamni qubsuma barmaatilee aadaa fi ijaarsaati; wanti qaama baayoolojikaalaa' jedhu hin jiru jedhu kenna. Dhugaadha, garuu namni kamuu boca uumaa qaama isaa baqaqsanii hodhuun ala hammas mara jijjiiruu hin danda'u. Namni tokko nyaataa fi sochii qaamaa gahaa qabatus, yoo hanqina fayyaa qabaate, yaalamuu qaba. Ergaan Qur'aanaa qabiyyee qaamaa kan Rabbi namaa kennetti gammaduudha; boca keenya Isatu uume waan ta'eefi: "Inni Isaa gadaamessa keessatti akka Inni fedhetti isin uume" (3:6), Isatu "bocaawwan babbareedaan nu uume" (95:4). Nabiyyiin (S.A.W) ummata isaa akka fayyummaa qabaatan, nyaata giddu galeessaan nyaatanii fi sochii godhan gorsaa ture.

Kanaafuu, Islaamummaan akka faallaa meeshaa'ummaa kaappitaalizimiitti ilaallama. Hijaaba fudhachuu keessatti, duabrtoonni Muslimaa duudhaa gadi fagoo keessa seenuun ilaalcha qixa sirrii qabaatuun dhiibbaa meeshaa'ummaa dandaa'aa sana dandamachuu qaban.

## G. Xumura

Falmiin bal'aan boqonnaa kana keessaa hijaabni akka meeshaa tapha bareedinaa aadaa fayyadamtoota kaappitaalizimii ofirraa ittiin ittisanii kan jaarraa 21ffaa tti tajaajila yaada jedhuudha. Kun ofitti amanamummaa fi fayyummaa qaamaa dubartootaa irratti dhiibbaa hamaa qaba. Hijaabni uffata amantiidhaan akka uffatamu ajajame. Hariiroo inni amantiin qabutu warra isa uffatan akka itti amanan taasisee, namoota birootiifis ergaa kabajamni gochaa sodaa Rabbiitiin malee dhaabbata toluun akka hin ta'in dabarseefii, isaaniifis ofitti amanamummaa kenneefi. Kallatii ilaalcha kanaatiin, hijaabni mallatto amantii kan dubartoota akka meeshaa fedhii saalaa osoo hin ta'in akkuma nama kamiitti ilaaluudha. Kun guutumatti gulaala faallaa warra dubartummaaf falmina jedhuu kan Islaamummaan dubartii akka meeshaa fedhii saalaatti ilaala jedhaniiti. Akka isaan yaadanitti dubartoonni wanti hijaaba uffachuu qabaniif gadi aantummaan waan itti dhagahamuuf dhimmi isaanii cimaan waa'ema fedhii saalaa kan sadarkaa hawaasummaa keessatti isaan qaanessuu yaadudha.

**Dhumarratti,**

Kitaabni koo kan eegale yaalii ani akka hawaasni bilisaa fi walaba ta'e tokko wa'ee akkataa namoonni dhuunfaa waan gaarii itti qabatan ilaaluudhaan, Muslima ta'uu koo fi hijaaba uffachuu koo ittiin na simatan hubachuu yaaluudhaani. Gaafiin koo gara imala baroota koloneeffannaa of duubaatti na deebisee, yeroo Awurooppaanonni jalqaba hijaabaan wal argan, achirraa asi, eega hijaabni dhoorkame dubartoonni muraasni ammas uffatan ilaaluufis na dirqamsiise. Sagaleewwan dubartoota muraasa Kanaadaa keessa jiraatan kanneen hijaaba uffatanii ibsee jira; sagalee jabaa warra hijaaba mormuus akkasuma.

Dhumarratti, yaad-diddaa qixa sirrii kan jaarraa 21ffaa kanatti aadaa warra kaappitaalistootaaf ta'u lafa kaa'e.

Hijaabni falaasama waa'ee dhiiraa fi dubartii kan duudhaa (barmaata) hariiroo dhiiraa fi dubartiiti addeessuudha. Haa ta'u malee, hijaabni uffatuma xinnoo qaama dubartii gar-tokkee haguugu ta'eetu warra Dhihaa biratti akka hamaa fakkaatee mul'ata. Garuu, hijaabni addunyaa Muslimaa keessatti akka mallattoo qabsoo hadhaawaatti ilaallama. Turkiyaa fi Tuniiziyaa keessatti, seeronni hijaaba uffachuu dhoowwan kan hojiirra oolfaman maqaa 'ammayyummaa' jedhuuni; ammayyummaa warra Dhihaa hordofuu, kan Islaama akka boodatti hafaatti, farra qaroominaatti, mallattoo gara-jabeenyaa fi dubartoota hacuucuutti ilaaluu irratti hundaa'aniiti. Qixa kanaan, ilaalchi warra Dhihaa hijaaba irratti qabu haacuucaa fi addunyaan Muslimaas hijaaba uffachuu balleessuu qabu kan jedhuudha.

Hanga ammaa ilaalchi falmitoota dubartummaa muuxannoo dubartoota hijaaba uffatanii fudhachuu hin dandeenye; adda addummaa uffannaan walqabatee addunyaa bal'aa keessatti jirus fi kabajaas hubachuu hin feene. Warroota Dhiha jalaa deemantu ykn ilaalacha isaaniittu dubartoota Muslimaa miidha. Isaani dubartoota uffatan akka meeshaa taphaa kan hin dubbannee, kanneen hijaaba uffachuu malee ofirraa dubbachuu hin dandeenyeetti ilaalan. Falmitoonni dubartummaa warra Dhihaa, hacuuccaa dubartoota isaanii aadama isaanii keessattuu irra gahu irraanfachuun, akka waan dubartoonni Muslimaa kophaa isaaniitti addunyaa keessaa miidhamoo ta'aniitti dhiheessan. Kanaafuu, gaheen siyaasa humnaa kan hijaaba akka meeshaa cunqursaatti arrabsamu kun irra darbamuu hin qabu. Kallattii hedduun yoo xiinxalamu, ilaalchi ykn yaadni farra-hijaabaa pirojektii warra Dhihaa kan

ol'aantummaa isaanii faarsu waliin hidhata qaba; ol'aantummaan sun uumamaan ta'us, ykn bu'aa imaammata addaa kan biyya alaa ta'uu baatus.

Muraasni ammo dhugamaa morman. Hawaasa Muslimaa hedduu biratti, dubartoonni miidhamaas miidhamaniis turan; akka hijaaba uffatanis diraqamanii turan, jiranis. Hijaabni akka meeshaa dandeettii dubartii dhiphisuutti, manaan alatti barnootarraa fi qacaramuu irraa isaan dhoowwuutti dhimma itti bahamee jira. Filannoo irraayis isaan dhoowwaa ture. Haala kanaan wanti nama hin ajaa'ibne, Mernisiin faan, dubartoota Muslimaa hijaaba morman hedduus dabalatee, akka inni baduuf gammadu. Sochiin uffannaan walqabatu haaraa ammaa kun duudhaa warra Dhihaa kan hijaaba mallattoo cunqursaa godhee fudhatu sanaa fi barmaatilee aadaawwan Muslimaa hedduufis qormaata guddaadha. Sochiiwwan Qur'aanaa fi Sunnatti deebi'uu faarsanis (baay'een isaanii) humnoota hedduu of duubaan qaban. Warri gariin, anas dabalatee, warroonni Qur'aanaa fi Sunnaa, Nabiyyii fi hawaasa Muslimaa isaan jalqabaa sanniin, akka qaama walqixxummaa fi haqummaatti ilaalan. Garuu, adeemsi jireenyaa baroota 1400mootaa haala kana jijiiree aadaa wal laaqsise. Muslimoonni, dhiiraa fi dubartoonnis, warroonni uffannaan hijaabaa dubartoota hacuuccaaf saaxilaa ture amma hafuu qaba; cunqursaa sanatu dubartoota dhimmoota hawaasummaa keessatti qooda fudhachuu dhoowwa jedhanii gadi jabeessan. Har'a ammoo barnoota, dalagaa, galtee siyaasaa fi hijaaba gaafachaa jiran.

Garaa garummaan yaada hijaaba uffachuu irratti jiru hawaasa Muslimaa har'a jiru kana akka injifatu hayyamamuufii hin qabu. Adda addummaan yaadaa amaluma bara Islaamummaa ganamaa bira tureedha. Hijaabni yeroo hedduu akki itti ilaalamu hamma barbaachisu ol ta'ee akka wanta

dubartii takka Muslima godhuu ykn godhuu dhiisuutti. Wanti dagatame tokko *Shahaadaa* (Rabbii tokkichaan ala kan haqaan gabbaramu akka hin jirree fi Muhammad (S.A.W) Ergamaa Isaa ta'uu ragaa bahuu fi amanuutu) nama tokko Muslima godha; itti aansees dalagaan daran barbaachisaan salaata yeroodhaan salaatuu akka ta'eedha. Duudhaan Nabiyyoomaa akka nu yaadachiisutti, dubartiin Muslimaa yoo yakkamtuu taate, jireenya itti aanu keessatti adabamuu dandeessi. Sadarkaa hojii ilma namaa kan nuti itti dhiphachuu qabnuu miti. Dubartoonni biroo maal uffatan jennee yaaddahuu caala wanti nu ilaallatu ykn nu yaachisuu qabu amalaa fi hojii keenya. Kanaaf, rogni fedhii warra 'seera cimsuu (conservatives)' ofittummaa fi balaaleffannaa warra hijaaba hin uffanne irraa dhaabuu qaba. Akkuma warri roga 'yaada fooyya'iinsaa' (progressive) qabates warra hijaaba ykn niqaaba uffate balaaleffachuu irraa dhaabachuu qabu. Hunda caala, bilisummaan gama lamaanuu walsimachuu qaba.

Yeroo jalqaba qorannoo koo gaggeesse irraa eegalee, Muslimoota irraa falmiin ka'aa jiru hijaabni uffata amantiidhaan ajajamee mitii, aadaadha malee, kan jedhuudha. Ani kana irra kan gahe akkuma gara Islaamummaa dhufuu murteesseen yoo ta'u, wanti xumura irratti hubadhe mormiin ture ragaa dadhabaa fi loojikii dhaabbataa hin taane irratti ta'uu isaati. Wanti na yaachisu muuxannoon dhimma: "Hijaabni ajaja amantiitii miti" jedhuu warra Dhihaatiin gammachuudhaan waan simatameef (tumsameef), dubartoota Muslimaa hijaaba uffachuu fedhan hamma duraa daran cunqursuuf tajaajiluudha. Sagaleewwan isaanii hacuucamanii ilaalchaa fi aadaa warra Dhihaatiin gara booddeetti ykn cinaatti dhiibbamaa jiran. Yaadni Muslimoota Fooyya'iinsaas kanuma. Dubartoota gaaffii fi deebii kitaaba '*Waa'ee Dubartii Muslimaa fi hijaabaa irra deebiin yaaduu'*

jedhu irratti godheef hundaa miti kan hijaaba uffatan; kanneen hin uffatinis jiru. Garuu hundi isaaniituu yaada bu'uura kitaabichaa tumsu; kan 'hijaabni uffata ajaja amantii kan miidhaa tokkollee hin geessineedha; inumaayyuu qaama amantii kan dubartoota Muslimaatiif ulfinaa fi kabajaa kennuudha jechuu walii galu.

Waa'ee Dubartii ***Muslimaa*** *fi* ***Hijaabaa irra deebiin yaaduu,*** abdii guutuudhaan falmiiwwan kanneen irratti kallattii filannoo isa biraa ta'uun tajaajila. Kitaabni kiyya yaalii ani seenaa hijaabaa: seenaa isaannan, kanneen akka kootii, isaan nagayaa fi gammachuu Islaamummaa keessatti argatanii fi isaan Islaamummaan dubartii cunqursa jedhanii hin amanneef yaada amansiisaa dhiheessuuti. Kitaabni koo yaalii ykn tattaaffii sararoota walqunnamtii warroota dhagahuu barbaadan jiddutti uumuuti. Gaafii dubartoonni Muslimaa isaan hijaaba uffatan kabajamuu, ulfinnaan caqafamuu, yoo barbaachisaa ta'e fedhii gaariin mormii isaanirratti dhiheessuuti. Dhimmoota muraasa irratti waliigaluu dhabuu irratti waliigaluu dandeenya, garuu yoo xiqqaate, waliigaluu dhabuu danda'uu fi garuu ona addunyaa kana keessatti maamila ykn hiriyyaa ta'uu danda'uudha.

**Barreessaa**

Kateriin Bulak barnoota Doktorummaa (PhD) ishee Saayinsii Siyaasaatiin Yuunivesiitii Torontoo irraa bara 1999 xumurte. Kaalifoorniyaa fi Torontootti barnoota *Qaroomina Islaamaa fi Siyaasaa* barsiiftee turte. Yeroo as aanu kanatti (bara 2002 irraa eegaltee) Yuuniversiitii Torontootti barnoota mata-duree: "Siyaasa Islaamaa" jedhu barsiisaa turte.

Yeroo ammaa Pirezidaantii Dhaabbata *Tessellate*, Dhaabbata Qorannoo Bu'a-Maleessaa kan ammas '*Compass Books'* jedhamu kubbaaniyyaa maxxansaa haaraa taatee hoogganaa jirti. Dura Bara 2003–2008 keessa gulaaltuu dhaabbata *American Journal of Islamic Social Sciences (AJISS)* taatees hojjatte. Pirezidaantii itti aantuu *Dhaabbata Waldaa Saayinsistoota Hawaasa Muslimaa Ameerikaa Kaabaas* taatee hajjattee jirti (Bara 2006-2009).

Maxxansoota ishee keessaa: *Aktiivistoota (Rogeeyyii) Dubartoota Muslimaa Ameerikaa Kaabaatti: Ofiif haa dubbannuu fi Waa'ee Dubartii Muslimaa fi Hijaabaa Irra Deebiin Yaaduu***:** *Qeeqa Seenaa fi Jibba Ammayyaa'* jedhu kan afaan Faransaayii fiTurkiitti hiikame fa'aadha.

Isheen aktiivistii (rogeettii) hawaasaa naannoo tokkoo tan gareewwan Muslimaa fi kan Muslima hin taanes yeroo hedduu barnoota kennituufiidha. Jalqaba Awustiraaliyaa irraa kaateeti kan Kanaadaa keessa abbaa warraa fi ijoollee ishee wajjiin jiraataa jirtu. Bara 1994 keessa Islaamummaa qabatte.

# Kitaabni Kun

Kitaabni walittii fufaan (silsalaa IIIT) jedhamu kun maxxansaa dhaabbatichaa furtuu tahan walitti qabaman bifa cuunfaatiin dubbistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (orignaal) qabaataniif barreeffameedha.

Adeemsi hijaaba karaa negaativa taheen madaaluu fi cunqursaadha jedhu fuuldura dhaabbachuu dhimma ariifachiisaa dha. Dhimmi uffachuu fi uffachuu dhiisuu miidiyaalee garaa garaa irratti hoo'isuu bira darbamee hanga duubatti hafummaa islaamummaa fi wallaalummaatti jedhu sammuu namaa hunda keessa kan galee fi falmisiisaa tahee jira.

Hojiin kun kan xiyyeeffatu, aadaa ilaacha warri dhihaa hijaabni mirga dubartoota musliimaa sarba ykn cunqursaadha jedhuudha. Kunis madaallii dogongoraa hundeedhaa koloneeffattootaa fi rakkoo falmii milkaa'aa bilisoomsa dubarummaa kanneen akka Merneessi warra hijaabni yakka afoola bareedumaa irraa Nama oolcha jedhanii kan qoratuudha.